Qorannoo COVID-19

Qorannoon COVID-19 amma Minnesota keessatti baayinaan ni argama.

Viidiyoon kunis eenyuu qoratamu akka qabaatu, eessatti akka qoratamu fi akkamiin bu'aa qorannoo keessanii akka argattan isiniif ibsa.

Eenyuutu COVID-19'f qoratamu ykn laalamuu qaba?

Namoonni mallattoowwan dhukkubbii COVID-19 qaban qoratamuu qabu.

Mallattoon dhukkuba kanaa: leydaa, qufaa, hafuurri namatti cituu, dhukkubbii maashaalee/humnaa, dhukkubbii mataa, dhukkubbii laagaa, qaamni namatti qabbanaawuu, ykn urgaafi dhandhama dhabuu kan hammatu ta'u danda'a.

Ogeessa fayyaa kee dubbisi, buufata fayyaa naannookee jiru yokiin mala weebsaayitii gareen ittisa cavid-19 kan Minisootaa qopheessite dhimma bahuun qoratamuu qabaachuu kee mirkaneeffadhu. yoo itti fayyadama weebsaayitichaa hin beektu tahe gargaarsa maatii, hiriyaa fi namoota birootiis gaafadhu.

Eessattan qoratamu danda'aa?

Kilinkoonnii fi hospitaaloonni hedduun yeroo ammaa kana qorannoo laaboraatoriif waan sirraa barbaachisu fuudhuu yookaa silaaluu nidandayan.

Iddoo itti qorannaa gaggeeffattu argachuuf ogeessa fayyaa keetiifi kilinika naannawakee jiruuf bilbili yokiin immoo iddoolee gareen ittisa COVID-19 iddoo qorannaa jechuun kaartaa irratti qopheessuun weebsaayitii isaanii irratti kaayan daawwadhu. Yoo itti fayyadama weebsaayitichaa hin beeyne, gargaarsa maatii, hiriyaa fi namoota birootiis gaafadhu.

Bakki hundi waan tajaajilli isaanii adda adda taheef, osoo bakkee qorannoo hindeemiin dura, if duratti bilbilaa ykn qajeelfamoota addatti kaartaa bakkeewwan qorannoo sanaaf jiru ilaalaa.

Bu'aa qorannoo kiyyaa akkamiinan argachu danda'a?

Kilinikiin qorannoo keessan taasisee bu'aa qorannoo keessan waliin isin quunnama.

Innis guyyoota muraasa fudhachu danda'a.

Bu'aa qorannoo laaboraatorii keessan argachuuf jecha Kutaa Fayyaa Minnesota dhaaf hinqunnaminaa.

Meeshaa qorannoo onlaayiniitti ykn kaartaa bakkeewwan qorannoo jijjiramuutti fayyadamuuf mn.gov/covid19 itti fayyadamaa

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

05/26/20

Testing for COVID-19 (Oromo)

To obtain this information in a different format, call: 651-201-4989